King County

# HEARING EXAMINER GUIDE

## FOR-HIRE APPEALS

Oromo



**David Spohr, Hearing Examiner**
Metropolitan King County Council
hearingexaminer@kingcounty.gov
www.kingcounty.gov/independent/hearing-examiner

King County Courthouse
516 Third Avenue, Rm 1200
Seattle, Washington 98104
(206) 477-0860

# Qajeelfama Qorataa Dhageettii Ol Iyyannaawwan Hayyama Konkolaachisaa Qacaramanii Argachuuudhaf

## Qajeelfamni kuni maali?

Qajleeefamni kuni adeemsa qorataa dhageettii ol iyyannaawwan hayyama konkolaachisummaa cuunfa. Namoota hawaasa keessa jiraatan kan gargaaru fi humna seerawaa kan hin qabne jechuudha. Qorataan gaaffiiwwan affeera.

## Qorataan eenyu?

Qoarataan Mana Maree Kutaa Biyyaa King tiin ol iyyannaawwan Kutaa Galmeewwanii fi Rageessaa (RALS) kan Kutaa Biyyaa King tiin dhiyaataniif dhageeffannaa fi murtii akka kennuuf kan muudamuudha. Qorataan akkuma abbaa murtii, loogii maleessa ta'uudhan murtii kan kennuudha. Waajjirri qorataa, RALS dhaf utuu *hin taane* mana mareetif hojjata.

## Argamni isaa hoo?

Tajaajilli hiikkaa afaan mallattoo, bilisaan, Lakkoofsa TDD (206) 296-1024 irratti bilbiluudhan argama. Hiikkaan afaanota Ingiliffaan alaa, tolaan ni argama. Kanneen gufuuwwan imaluu qabaniif, filannoowwan kanneen akka bilbilaan argamuu ilaaludhaaf qorataa qunnamaa. Bilbili (206) 477-0860 yookan iimeela ergi hearingexaminer@kingcounty.gov. Maaloo adeemsa keessatti jalqaba irratti gaaffii dhiyeeffadha.

## Ol iyyannaa kee akkamiin jalqabda?

Namootni ajajni RALS isaan qunname Kutaan Biyyaa King akka dhimma isaanii hanga tokko ilaaluf ol iyyachuu danda'u. Gatiin ol iyyannaa hin jiru, garuu ulaagaalen armaan gadii sadeen *dirqama* guutamuu qabu:

1. **Yeroo.** Yeroon ol iyyannaa itti dhiyeeffattu erga RALS murtii siif *kennee* guyyoota 24 keessatti ta'uu qaba. Gaafa RALS murtii kenne, yeroon gaafa sana irraa lakkaa'uu ni jalqabdi. RALS ajaja erga taanan, gaafa ati fudhatte irraa utuu *hin taane* gaafa RALS ergaa sana itti erge irraa kaasee yeroon lakkaa'uu jalqabdi.

2. **Geessuu.** Waraqaa ol iyyannaa kee yeroo kenname keessatti waajjira poostaa geessuun qofti gahaa *miti.* RALS ol iyyannaa kee dirqama yeroo kenname keessatti *fudhachuu* qaba (ergaan guyyoota muraasa fudhachuu danda'a). Ol iyyannaan yeroon alaa fudhatama hin qabu—laafinni hin jiru. Kuni tarii madaalawaa fakkaachuu dhabuu mala, garuu seera. Ol iyyannaa kee karaa kanneenin galchuu dandeessa:
   - Ergaan yookan qaaman (sa'aatiwwan hojii [https://kingcounty.gov/depts/records-licensing.aspx](https://kingcounty.gov/depts/records-licensing.aspx) mirkaneeffadhu) bakka 201 S. Jackson Street, Suite 202, Seattle, WA, 98104;

iimeela gara KCFHInspector@kingcounty.gov (RALS isaan qaqqabuu akka mirkaneessan gaafadhu); yookan

- facsimile gara (206) 296-4029.

3. **Qabiyyee.** Ol iyyannaan kee dirqama kan of keessatti hammachuu qabu:
   a) Gara galcha waraqaa murtii(wwan) kan RALS ati ol iyyachaa jirtuu yookan lakkoofsa(sota) galmee RALS fi guyyaa(oota) murti;
   b) Ibsa fedhii keetii (fakkeenyaaf ati waraqaa hayyamaa barbaadda yoo ta'e);
   c) Dogongora(oota) RALS murtii isaa keessatti uumeera jettee yaaddu ("Ragaan koo hin ilaalamne'' yookan " ani badii kana hin geenye raawwadhe'' yookan "ta'eera, garuu______________________," kkf.);
   d) Sababa addaa kan ati murtiin(wwan) RALS akka jijjiiramu barbaadduf ("__ ____________________________________hayyamni kiyya akka narraa fudhatamu na hin taasisu," kkf.) yookan foyyeffamee ("Adabbiin baayyee ol ka'aadha," kkf.);
   e) Murtiin(wwan) RALS akkamiin si miidhuu danda'u ("Hayyamaan ala, Ani____"); fi
   f) Bu'aa (wwan) akkamii eegda ("Ittisa kaasuu," yookan "Adabbii hir'isuu," kkf.).

Ol iyyannaan kee ragaalee hunda of keessatti qabachuu qabaachuu baatus (kan akka waraqaale) ol iyyannaa kee deeggaruuf waa galchuu qabda, dhimmoota ati kaasuu barbaaddu hunda kan hammatu (c) fi (d) armaan olitti ilaali. Maal jechuu akka qabduyyuu sirritti siif hin galle taanan, ol iyyannoo kee taasifachuu hin dagatin, sirrii ta'uu yoo baates, yeroo kenname keessatti gara RALS akka darban taasisi.

Iyyata kee isa jalqabaa yeroodhan RALS siif qaqqaba taanan, qorataan booda irratti, dhaggeeffannaa dura dhimma kee dura dhiyaate akka fooyyeessituuf yookan waa itti dabaltuuf siif hayyamuudhaf angoo qaba. Garuu, ol ittannnaan kee RALS yeroo kenname jiddutti hin dhiyaatan taana qorataan ol iyyannaa dhaggeeffachuuf angoo *hin* qabu. **Waanuma kamiiyyuu yoo raawwatte ol iyyannaan kee yeroodhan RALS bira gahuu isaa mirkaneeffadhu!**

Ol iyyannaa dhiyeeffachuun dhimma kee karaa seeraa malee akka xumuratti taasisuu irraa si hin ittisu. Salphaadhumatti murtii RALS diduuun mirga keeti. Takka yeroon ol iyyannichaa dabarraan murtiin RALS dhaan kenname dhaabbataa fi kan hin jijjiiramne ta'a.

## Yoo tarii RALS murtii *kutaa* biyyaa fi hayyama Seattle illee yoo kan hin fudhanne tae hoo?

Qorataan murteessuu kan danda'u wwaa'ee kutaa murtii RALS kan hayyma kutaa *biyyaa* keetii qofa irrattidha. Ittisa hayyamaa murmuudhaan Seattle keessatti imaltuu deddeebisuu barbaadda taanan, gara *Seattle* tti ol iyyachuu qabda. Fuulli xumuraa murtii RALS waa'ee kanniinii ibsa. Hubadhu, yeroon ol iyyannaa Seattle (guyyoota 10) kan kutaalee biyyaa (guyyoota 24) irraa baayyee gabaabaadha.

King County

## Utuu ol iyyannaan kiyya adeemsa irra jiruu konkolaachisuu nan danda'aa?

Ati iyyataa hayyama konkolaachisummaa/waraqaa ragaa haaraadha taanan, yookan kana dura siif hayyamamee/waraqaa qabaattee boqonnaa waggaa tokko caalu booda itti deebita taanan, hanga qorataan ol iyyannaa kee ilaalutti keessumoota fudhachuu ni dandeessa.

Ati waraqaa/hayyama ammaa qabda yoo ta'e, fi RALS iyyata kee kan haaromsuu ni dhoorka taanan, yookan hayyama konkolaachisummaa kee ittisa/dhoorka taanan, hanga qorataan ol iyyannaa kee ilaalutti keessumoota fudhachuu ni dandeessa. Waraqaan/hayyamni kee kan ammaa (kan yerootis dabalatee) utuu qorataan murtii hin kennni yeroon irraa dhumataanan, RALS irraa waraqaa/hayyama haaraa (yookan kan yeroon dheereffame) argachuu qabda.

## Jaarsummaan ni danda'amaa?

Jaarsummaan tarii jiraachuu danda'a. Dura seera qorataa Rule V (geessituu gara jalaatti) ilaali. Jaarsummaa jalqabsiisudhaaf, adeemsa keessatti barreeffamaan jalqaba dhiyeessi.

## Dhaggeeffannaa dura maal eeguutu narra jjiraata?

Yoo xiqqaate dhaggeeffaan dura torbanoota lama, qorataan beeksisa ni kenna. Kana xiyyeeffannaan dubbisi Guyyaa, yeroo, fi bifa (bilbila, suursagalee, qaaman, kkf) kan dhaggeeffannaa ni teessisa. Yeroo hedduu hiikkaa rakkinichaa isa jalqabaa fi yaadrimeewwan furmaata ta'uu danda'an hammata. Hima ol iyyannaa kee keessatti rakkoo ati kaasteef guyyaa xumuraa ni kennisiisa (akka olitti ibsametti) fi dhageeffannaa erguu *dura* odeeffannoo barbaadame erguuf gargaara.

Dhageeffannaa dura torban lama, RALS qaamota galfata taasisan, namoota dhimmicha irraa fudhii qaban, fi dhageeffataan dhimmicha fixuu irratti ragaalee RALS kan dhimma kanaan wajjiin wal qabatan dhaggeeffannaa akka geggeessaniif ni gaafata. Kanneen xiyyeeffannoodhan dubbisi.

Waraqaalen RALS ummataaf baanaa ta'u; namni dhageeffannaa dura waraaqaa guutumatti ilaaluu barbaadu RALS wajjiin karaa iimeelaa pd.requests@kingcounty.gov yookan bilbiluun qindeeffachhuu ni danda'a (206) 263-1977). Namni kamiiyyuu ragaalee qorataa gaafachuu ni danda'a; waraabbiiwwan qorataa yeroo hedduu karaa elektiroonikaalaatin, gatii malee tolaan argamu.

## Adeemsa ol iyyannaa keessatti eenyutu hirmaata?

Beekkamaadhatti, RALS fi nama ol iyyannaa dhiyeeffate qofaatu dhimmoota akka, wal gahii saganteessuu yookan dhageettii, yeroo xumuraa itti kennuu, sochii irratti deebii kennuu yookan uumuu, ragaan akkamii akka dhiyaatu murteessuu, ragaa bahuuf bilbiluu fi gaaffii gaafachuu irratti qooda fudhata.

Namootni biraa kan dhimmicha irratti qooda fudhattan, haalata "jiddugaluumsa" gaafachuudhan hirmaachuu danda'u. Kana gaafachuu irratti odeeffannoo argachuudhaaf, Seera Qorataa X.B (geessituun xumurairratti) ilaali. Jidduseenichi kallattiidhan hin hayyamamne garuu ulaagaalee muraasa akka keessa deebi'amaniif hayyame.

## Dhageeffannaa ol'iyyannaatti kallattiidhan maaltu ta'a?

### *Yeroo fi bifti dhageeffannaa maaal fakkaata?*

Beeksisni qorataan kennu guyyaa, sa'aatii, fi bifa (bilbilaan, suursagaleen, qaamaan, kkf) dhageeffannaadhaf tolan ibsa, isa xiyyeeffannadhan dubbisi. Bifa dhaggeeffannaa kamiiyyuu haa ta'uutii, yeroodhaan argami, yookan mirgoota keetu si darba. Yeroo heddduu, yeroon dhageeffannaa inni duraa yeroo isaa irra darbee dhaggeeffannaa isa itti aanuuf yeroo dhiiba, yoo akkas ta'e, maaloo obsa qabaadhu.

### *Rakkoowwan beekkamoon maal faadha?*

Dhimmootni ihunduu garagara yoo ta'anis, walumaagalatti, wantootni tokko (kanneen akka odeeffannoolee barbaachisoo iyyata kee irraa balleessuu, yakki alkoolii dhuganii konkolaachisuudhan wal qabatu) ittisa *dirqamaa* fiduu danda'a. Wantootni biroo (kan akka jeequmsaa, balleessaa konkolaachisummaa xixiqqqaadhaf) ittisa fiduu yookan dhiisus danda'u.

### *Yakka yookan balleessaa amaname mormuunan danda'aa?*

Lakki, qorataan waan poolisiin, abbaan alangaa, ittisaan, yookan manni murtii duraan dabarse irratti deebisaa hin kennu. Yakkicha yookan balleessicha *ibsuu*, yookan itti *galuumsa* isaa balballoomsuu dandeessa, garuu bakka galmeen kee waan biraa jedhutti, yakka yookan balleessaa hojjachuu mormuu hin dandeessu. Sanirrammoo, qorataan ragaalee fi odeeffannnoowwan haaraa *kennaman* kamiiyyuu ilaalun, ol iyyannaa siif kennuu danda'a.

### *Dhaggeeffannaan akkamitti ta'a?*

1. RALS komiiwwan yookan dhimmoota ati ol iyyannaa kee irratti kaastu dhugeessuu qaba waan ta'eef, RALS dura jalqabuu qaba. RALS mudannoowwanii fi waraqaalee ni dhiyeessa, keessattuu isaanan RALS dhaggeeffannaadhaf torban lama dura erge sana. Qorataan ragaalee akka mana murtiitti baayyee gaafachuun isa irra jiraachuu baatus, ragaalee dhiyaatan kamiifiyyuu deebii kennuu ni dandeessa. Ragaa gaafachuu ni dandeessa.
2. Achiimmo, ragaalee fi mudannoo dhiyeeffachuun dabaree keeti; RALS mormuu fi gaaffiiwwan si gaafachuu danda'a. RALS akkasumas ragaalee ati dhiyeessite si gaafachuu danda'a.
3. Dhaggeeffannaa qaamaan taasifamuutif, namni waraqaa dhiyeeffachuu barbaadu kamiiyyuu xiqqaatu garagalcha <u>sadi</u> fiduu qaba. (Yeroo dhaggeeffannaa duraa kennameef beeksisa barreeffamaan qorataadhan kenname ilaali)
4. Sana booda, qaamni lamaanuu waan qaamni biraa dhiyeessuf deebii kennuudhaf yeroo muraasa ni qabaatu, himama cufiinsaa muraasan kan goolabamu.
5. Yeroo kamiiyyuu, qorataan gaaffiiwwan gaafachuu danda'a.
6. Ragaan kamiiyyuu kakuu jalatti ta'uu qaba, jechuun qorataan yeroo hundaa kakachuu qaba jechuudha.

### *Dhimma koo gaarii haala kamiin dhiyeeffachuu danda'a?*

Beeksisa qorannoo kenname of eegganoodhan dubbisi. Mudannoon sirriini fi mormiin seerri addaa isa kamtu dhimma kee irratti ta'uu akka qabu murteessa. Ibsi bifa yaadannootin, hima barreeffameetin, fakkiitin, waraabbii dokumantariitin, akkasumas gargaarstuuwwan agartuutin dhiyaachuuni danda'u.

Himni yeroo dhageeffannaatti kennamu, kakuu jala kan jiru fi deebi'amee ilaallamuu kan danda'u (gaafacuudhan), walumaagalatti xiyyeeffannaan guddaan kan itti kennamudha. Waraqaalee fi mudannoowwan haalata ibsuudhaf ati taasiste dhiyeeffachuu ni dandeessa.

### *Waraabbiin dhageeffannaa ho?*

Dhaggeeffannan kee ni waraabbama, akkasumas ati garagalcha waraabbiiwwanii fi ragaalee dhiyeeffachuu ni dandeessa. Hanga waraqaa gaafatamee irratti hundaa'udhaan, tarii gatiin baayyisuu gaafatamuu mala, waajjirri qorataa waraabbiiwwan gara caalaa isaanii dijitaalaan yoo kan taasisu ta'es.

## Dhaggeeffannaa booda maaltu mudate?

Guyyoota hojii kudhan cufama dhageettii keessatti (guyyootni xumura torbanii fi ayyaanaa hin lakkaa'amn jechuudha), qorataan murtii xumuraa, kan qorannoowwan galmee dhaggeeffannaa irratti hundaa'anii fi guduunfaa murtii kana irraa ka'uun irra gahame ni kenna. Ol iyyannaa guututti kennuu, ol iyyannaa guututti dhoorkachuu, yookan waan jiddugaleessa ta'e wa'ii (haalata fooyyessuu, adabbii hir'isuu, kkf) taasisuu danda'a.

Murtiin qorataa odeeffannoo waliigalaa waa'ee akkaataa ol iyyannaatin xumurama. Qorataan kan barreeffame sanaan ala ajaja biraa kennuu dhiisuu danda'a. Ol iyyannaa guutuudhaaf murteessuun akkasumas ulaagaa barbaachisu guutuun itti gaafatamummaa ol iyyataati.

## Waajjira qorataa wajjiin haasa'uudhaaf karaan sirriin isa kami?

*Qorataa* gaaffiwwan kee adeemsaatin qunnamuu yoo dandeesses, gaaffiin yookan *himamni* dhimma wajjiin wal qabatan hundumtuu marii yookan dhageeffannaa keessatti yookan barreeffamaan dhiyaachuu fi qaamota hundaaf dhiyaachuu tu isaan irra jiraata. Qaama lamaan irrayyuu akka dhiibbaan irra hin geenyeef hojjataan waajjira qorannoo seecc'uumsa ni taasisa. Walumaa galatti iimeeliin gara ergamuu qabdi hearingexaminer@kingcounty.gov fii garagalchi taasifamuu qaba KCFHInspector@kingcounty.gov.

## Qorataan haala kamiin ani dhageeffannaa haqa qabeessa argachuu koo naaf ibsuu danda'a?

Qorattootni RALS irraa kan of danda'aniidha, fi RALS fi ejensii kamiifiyyuu loogummaa hin taasisanu. Qorattootni bakka tarii, dhimmi mallaqaa isaan ilaallatu jiru, dhimmicha kana dura ilaalaniiru yoo ta'e, yookan hariiroo dhaaba wajjiin qabaniin haqummaan isaanii shakkameera taana dhimmicha hin ilaalanu. Namni sababa hundee kan galmeedhaan alaa kan qorataa irratti dhiibbaa uumuu danda'u qaba jedhu kallattiidhaan yeroon gara qorataatti dhiyeeffachuuu danda'uu qabaata.

## Seerotaa fi dambiiwwan kamtu hojirra oola?

Sadarkaalee adeemsa murtii kenniinsaa wajjiin akka wal baratuuf gargaaru, keessattuu KCC boqonnaa 20.22 fi 6.64 fi seerota qorataa:

- Koodiiwwan Kutaa Biyyaa King: http://www.kingcounty.gov/council/legislation/kc_code.aspx
- Seerota Qorataa: http://kingcounty.gov/independent/hearing-examiner/rules.aspx

Qorattootmi yeroo hedduu murtii isaanii maddeen, danbiiwwan heeraa, fi murtiiwwan mana murtii ol iyyannaa irratti kennu.

Murtiiwwan darbaniif, waggaadhan, ilaali: https://kingcounty.gov/independent/hearing-examiner/case-digest/appeals/for-hire-enforcement.aspx

Gaaffii kamiiyyuu yoo qabaatte waajjira qorataatti bilbiluu ni dandeessa.

*Edited July 2023*